

Waggaa 14^{ffaa} Lak. 3/1998
፲፱ኛዓመት ቁጥር/፲፱፻፺፭
14th year No. 3/2006



Finfinnee, Bitootessa 15/1998
ፌንፌኔ፣ መጋቢት ፲፭ ቀን ፲፱፻፺፭ ዓ.ም
Finfine, March 24, 2006

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe	Lak. S. Poostaa 21383-1000
ያንዱ ዋጋ	በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ	የፖ.ሣ.ቁጥር
Unit Price		P.O.Box

QABEENTAA	ማውጫ	CONTENT
<u>Labsii Lak. 107/1998</u> Labsii Komishinii Jeequmsa Naannoo Oromiyaa Keessatti ka'e Qulqulleessu Hundeessuuf Bahe Fuula 1	<u>አዋጅ ቁጥር ፻፺/፲፱፻፺፭</u> በኦሮሚያ ክልል የተነሣውን ሁከት አጣሪ ኮሚሽን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ገጽ ፩	<u>Proclamation No. 107 of 2006</u> A Proclamation to Establish A Commission to Scrutinize the Riot Occurred in Oromia Region Page 1
<u>Labsii Lak. 107/1998</u> Labsii Komishinii Jeequmsa Naannoo Oromiyaa Keessatti ka'e Qulqulleessu Hundeessuuf Bahe Naannoo Oromiyaaa keessatti filannoo ra 1997 gaggeeffame asitti yeroo adda addaa jeequmsa ka'een miidhaan gaheefi gama Mootummaatiin immoo rakkoo kana to'achuufi tasgabbeessuu-dhaan wal qabatee rakkooleen uumaman akkaataa eegumsaafi qabiinsa mirga namoomaatiin ilaalamee akka qulqullaa'u taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef; Naannicha keessatti sirni ijaaramaa jiru sirna ol'aantummaan seeraa itti mirkanaa'eefi sirna ofii isaa of sirreessaa deemu ta'uu isaatiin haallan uumamanii turan qulqulleessuufi tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuuf akka danda'amu haala jiru sirriitti hubatee Caffee kan dhiyeessuu danda'u qaama bilisa ta'e hundeessuun ijaarsa sirna dimokraasiifi nageenyaatiif barbaachisaa ta'ee waan argameef; Bu'uura Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 49(3)(a) tiin kan kanatti aanu labsameera.	<u>አዋጅ ቁጥር ፻፺/፲፱፻፺፭</u> በኦሮሚያ ክልል የተነሣውን ሁከት አጣሪ ኮሚሽን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ በኦሮሚያ ክልል የ፲፱፻፺፭ ምርጫ ከተካሄደ ወዲህ በተለያዩ ጊዜ በተነሣው ሁከት የደረሰ ጉዳትና በመንግሥት በኩል ደግሞ ይህንን ችግር ከመቆጣጠርና ከማረጋገጥ ጋር ተያይዞ የተፈጠሩ ችግሮች ከሰብአዊ መብት ጥበቃና ኢየያዝ ጋር በማስተያየት ማጣራት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤ በክልሉ በመገንባት ላይ የሚገኘው ሥርዓት የሕግ የባላይነት የተረጋገጠበትና ራሱን በራሱ እያስተካከለ የሚጓዝ ሥርዓት በመሆኑ የተፈጠሩ ሁኔታዎችን ማጣራትና የአርምት ዕርምጃ ለመውሰድ እንዲቻል ያለውን ሁኔታ በትክክል ተገንዝቦ ለጨፌ ማቅረብ የሚችል ነፃ የሆነ አካል ማቋቋም ለዴሞክራሲያዊ ሥርዓት ግንባታና ለሰላም አስፈላጊ በመሆኑ፤ በተሻሻለው የክልሉ ሕገ መንግሥት አንቀፅ ፵፱(፫) (ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጿል፡፡	<u>Proclamation No. 107 of 2006</u> A Proclamation to Establish A Commission to Scrutinize the Riot Occurred in Oromia Region WHEREAS, it is necessary to scrutinize the damages occurred as the result of riot at different times pertaining with the election of 2006 undertaken in Oromia Region, and the action taken by the government to control and calm down these problems in light of the protection and handling of human rights; WHEREAS, the ongoing system in the Region is self corrective and governed by the rule of law, to scrutinize and take corrective measures, it is necessary to establish independent organ that investigate by understanding thoroughly the existing situation and report the same to the 'Caffee'; HEREIN THEREFORE, in accordance with article 49(3) (a) of the Revised Constitution of the National Regional State of Oromia, it is proclaimed as follow:

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun “Labsii Komishinii Jeequmsa Naannoo Oromiyaa keessatti ka’e Qulqulleessu Hundeessuuf Bahe Lak. 107/1998” jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. Hundeeffama

Naannoo Oromiyaa keessatti jeequmsa ka’eefi rakkoowwan uumaman ququlleessuudhaan Caffee kanaaf kan dhiyeessu qaamni bilisa ta’ee ammaan booda “Komishinii” jedhamee waamamu Labsii kanaan hundeeffameera.

3. Teessoo Komishinichaa

- 1) Teessoon Komishinichaa Finfinnee ta’ee akka barbaachisummaa isaatti dameewwan bakka biraatti banachuu ni danda’a.
- 2) Komishinichi hojii qulqulleessuu isaa Naannoo Oromiyaa keessatti bakkeewwan rakkoon jeequmsaa itti uumaman hunda irratti ni gaggeessa.

4. Kaayyoo Komishinichaa

Kaayyoon Komishinichaa Naannoo Oromiyaa keessatti jeequmsa ka’eefi rakkoolee uumaman qorachuudhaan Caffeedhaaf gabaasa dhiyeessuu ta’a.

5. Aangoofi Hojii Komishinichaa

- 1) Komishinichi:
 - (a) Ka’uumsaafi sababa, akkasumas, qaama jeequmsa kana kaase addaan baasuu,
 - (b) Rakkoo uumame to’achuuf hojii hojjetame keessatti tarkaanfii humnoota nageenyaatiin fudhatame jeequmsa uumameen kan wal gitu ta’uufi dhiisuu,
 - (c) Rakkoo uumameen wal qabatee akkaataan qabiinsa mirga namoomaa Heera Mootummaafi seerota hordofee ta’uufi ta’uu dhabuu isaa,
 - (d) Rakkoo uumameen badii qabeenyaafi lubbuu namaa irra ga’e, qulqulleessee Caffeeff gabaasa ni dhiyeessa.
- 2) Komishinichi imaanaafi itti gaafatamummaa guddaa Caffeedhaan itti kenname fiixaan baasuu akka danda’u:
 - (a) Ragaaleen hojii isaatiif barbaachisaa ta’an kan harka nama ykn qaama kamiyyuu jiru akka dhiyaatuuf ajajuu ni danda’a.
 - (b) Namoonni jecha ragaa kennuu danda’an dhiyaatanii akka jecha isaanii kennan ajajuu ni danda’a.

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ “በኦሮሚያ ክልል የተነሣውን ሁከት አጣሪ ኮሚሽን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፻፯/፲፱፻፺፰” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

፪. መቋቋም

በኦሮሚያ ክልል የተነሣውን ሁከትና የተፈጠሩ ችግሮችን በማጣራት ለጨፌ የሚያቀርብ ከዚህ በኋላ “ኮሚሽን” ተብሎ የሚጠራ ነፃ የሆነ አካል በዚህ አዋጅ ተቋቋሟል።

፫. የኮሚሽኑ መቀመጫ

፩) የኮሚሽኑ መቀመጫ ፊንፊኔ ሆኖ እንደአስፈላጊነቱ በሌላ ቦታ ቅርንጫፎች ሊከፍት ይችላል።

፪) ኮሚሽኑ የማጣራቱን ሥራ በኦሮሚያ ክልል የሁከት ችግሮች በተፈጠሩባቸው ማናቸውም ቦታዎች ያከናውናል።

፬. የኮሚሽኑ ዓላማ

የኮሚሽኑ ዓላማ በኦሮሚያ ክልል የተነሣውን ሁከትና የተፈጠሩ ችግሮችን በማጣራት ለጨፌ ሪፖርት ማቅረብ ይሆናል።

፭. የኮሚሽኑ ሥልጣንና ተግባር

፩) ኮሚሽኑ፡

(ሀ) የሁከቱን መንስኤና ምክንያት እንዲሁም ያነሳውን አካል መለየት፤

(ለ) የተፈጠረውን ችግር ለመቆጣጠር በተከናወነው ሥራ ውስጥ በፀጥታ ሀይሎች የተወሰደው እርምጃ ከተፈጠረው ሁከት ጋር ተመጣጣኝ መሆኑን አለመሆኑን፤

(ሐ) ከተፈጠረው ችግር ጋር በተያያዘ የሰብአዊ መብት አያያዝ በሕገ መንግሥቱ መሠረትና ሕጎችን ተከትሎ መሆኑንና አለመሆኑን፤

(መ) በተፈጠረው ችግር በንብረትና በሰው ሕይወት ላይ የደረሰ ጥፋትን፤ በማጣራት ለጨፌ ሪፖርት ያቀርባል።

፪) ኮሚሽኑ በጨፌ የተሠጠውን አደራና ከባድ ሀላፊነት ከግብ ለማድረስ እንዲችል፤

(ሀ) አስፈላጊ የሆኑ በማንኛውም ሰው ወይም አካል እጅ የሚገኙ መረጃዎች እንዲቀርቡለት ሊያዝ ይችላል።

(ለ) ለምስክርነት ቃል ሊሰጡ የሚችሉ ግለሰቦችን ጠርቶ ቃላቸውን እንዲሰጡ ለማዘዝ ይችላል።

1. Short Title

This proclamation may be cited as “A Proclamation to Establish A Commission to Scrutinize the Riot Occurred in Oromia Region, No. 107/2006.”

2. Establishment

An independent organ herein after referred to as, “Commission” is hereby established to present its report of finding to the ‘Caffee’ by scrutinizing the riot occurred and problems happened in Oromia.

3. Address of the Commission

- 1) The address of the Commission shall be Finfinne, whereas, it may have branches at other places as it may deems necessary.
- 2) The Commission shall perform its work of scrutiny at any places where the problems of riot occurred in Oromia Region.

4. Objective of the Commission

The objective of the Commission shall be to scrutinize and present report to the ‘Caffee’ on the riot occurred and problems happened in the Oromia Region.

5. Powers and Duties of the Commission

- 1) The Commission shall scrutinize and submit report to the ‘Caffee’ by:
 - (a) Identifying the cause and reason, as well as, the organ that made arisen the riot;
 - (b) Weighing the congruency of the problem happened and measure undertaken by the security force to control the riot;
 - (c) Observing whether the handling of human rights in relation to the matter is in accordance with the rules of the Constitution and other laws;
 - (d) Identifying the damage to property and lives due to occurrence of the incident.
- 2) The Commission to be able to discharge properly its duties and responsibilities conferred upon it by the ‘Caffee’:
 - (a) May order any individual or organ the production of documents at hand that may be deems necessary for its work;
 - (b) Summon individuals that have relevant information and order them to give their statements;

(c) Komishinichi ragaa barreeffamaa ykn jecha ragaa nama dhiyeessuu dide poolisiidhaan dirqamanii akka dhiyaatan ajajuu ni danda'a.

(d) Fiixaan ba'insa hojii isaatiif deeggarsa ogummaa, meeshaafi kan adda addaa qaama kamirraayyuu gaafachuu ni danda'a.

3) Dhimmi isaa na ilaallata jechuudhaan qaamni ykn namni ragaa dhimmichaan walqabatiinsa qabu yoo dhiyeesse irraa fudhachuuf dirqama qaba.

4) Qorattotaaf qajeelfama hojii barbaachisaa ta'e ni kenna.

5) Hojii kana raawwachuudhaaf karooraafi qajeelfama hojii tarreeffamaan baafachuu ni danda'a.

6. Miscensotaafi Moggaasa

Miscensota Komishinichaa

Komishinichi miscensota 13 kan qabaatu ta'ee, tarreeffamni isaanis akka kanaa gadiitti ta'a.

- 1) Jaarsolii biyyaa keessaa namoota..... 5,
- 2) Beektota keessa namoota..... 4,
- 3) Waldaalee Amantii keessaa namoota..... 3,
- 4) Hawaasa daldalaa keessaa nama..... 1.

7. Aangoofi Hojii Walitti Qabaa

Komishinichaa

Walitti qabaan Komishinichaa:

- 1) Komishinicha ni gaggeessa.
- 2) Waliigala sochii hojiiichaa olaantummaan ni hordofa; ni to'ata.
- 3) Hojii Komishinichaatiif hojjetoota deggarsaa barbaachisaa ta'an ni ramada.
- 4) Komishinicha bakka bu'uudhaan qaamolee biroo wajjin walitti dhufeenya ni taasisa.

8. Aangoofi Hojii Itti Aanaa Walitti Qabaa Komishinichaa

Itti Aanaan walitti qabaa Komishinichaa:

- 1) Walitti qabaan bakka hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta;
- 2) Barruun gabaa Komishinichaa seeraan qabamuu isaa ni mirkaneessa;
- 3) Oolmaa hojii Komishinichaa sagaleedhaan waraabaman gara barreeffamaatti jijjiiramuu isaanii ni mirkaneeffata;
- 4) Komishinichi namoota gaaffiidhaaf barbaadutti waraaqaa waamichaa mallatteessee ni erga;
- 5) Sanadoonni Komishinichaaf dhiyaatan ofeeggannoon qabamuu isaanii ni to'ata;

(ሐ) ኮሚሽኑ የሚፈልጋቸውን ማስረጃዎች ወይም የምስክርነት ቃል ለመስጠት ፈቃደኛ ያልሆነ አካል ወይም ግለሰብ በፖሊስ ተገዶ እንዲቀርብ ሊያዝ ይችላል።

(መ) ለሥራው መቃናት አስፈላጊ የሆኑ ሙያዊ፣ ቁሳዊ እና ሌሎች ትብብሮችን ከማንኛውም አካል ሊጠይቅ ይችላል።

፫) ጉዳዩ ይመለከተኛል የሚል አካል ወይም ግንኙነት ያላቸውን ማስረጃዎች ለመቀበል ግዴታ አለበት።

፬) ለመርማሪዎች አስፈላጊውን የስራ መመሪያ ይሠጣል።

፭) ይህንን ስራ ለማከናወን እቅድና የስራ መመሪያ በዝርዝር ለማውጣት ይችላል።

፯. የኮሚሽኑ አባላትና አስያየማቸው

ኮሚሽኑ ፲፫ አባላት የሚኖሩት ሊሆን ዝርዝራቸውም ከዚህ እንደሚከተለው ይሆናል።

- (ሀ) ከአገር ሽማግሌዎች ፭ ሰዎች፣
- (ለ) ከምሁራን ፬ ሰዎች፣
- (ሐ) ከሃይማኖት ተቋማት ፫ ሰዎች፣
- (መ) ከንግዱ ማህበረሰብ ፩ ሰው።

፮. የኮሚሽኑ ሰብሳቢ ሥልጣንና ተግባር

የኮሚሽኑ ሰብሳቢ፣

- ፩) ኮሚሽኑን ይመራል፤
- ፪) የሥራውን አጠቃላይ እንቅስቃሴ በበላይነት ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
- ፫) ለኮሚሽኑ ስራ አስፈላጊ የሆኑ የድጋፍ ሠራተኞች ይመድባል፤
- ፬) ኮሚሽኑን በመወከል ከሌሎች አካላት ጋር ግንኙነት ያደርጋል።

፯. የኮሚሽኑ ምክትል ሰብሳቢ ስልጣንና ተግባራት

የኮሚሽኑ ምክትል ሰብሳቢ፣

- ፩) ሰብሳቢው በማይኖርበት ጊዜ ተክቶት ይሠራል፤
- ፪) የኮሚሽኑ ቃለ-ጉባኤ በሥርዓት መያዙን ያረጋግጣል፤
- ፫) በድምፅ የተቀረፁ የኮሚሽኑ የሥራ ውሎዎች ወደ ዕሉፍ መቀየራቸውን ያረጋግጣል፤
- ፬) ኮሚሽኑ ለጥያቄ ለሚፈልጋቸው ሰዎች የመጥሪያ ወረቀት ፈርሞ ይልካል፤
- ፭) ለኮሚሽኑ የቀረቡ ሰነዶች በጥንቃቄ መያዛቸውን ይቆጣጠራል፤

(c) Order the police to bring an individual or organ who is unwilling to give information or statement of testimony that are relevant to the duties of the Commission.

(d) Require professional, material and other co operations from any organ that are necessary for the proper discharge of its duties.

3) It has the responsibility to accept relevant information that related to the matter presented by the concerned organ or individual.

4) It shall give relevant term of references to investigators.

5) It may prepare detailed work plan and rules of procedures that enable to undertake its duties properly.

6. Members of the Commission and Assignment

The Commission shall have 13 members that shall be detailed below:

- 1) From Elders 5 persons;
- 2) “ Intellectuals..... 4 “ ;
- 3) “ Religious Associations.....3 persons;
- 4) From the Trade Community.....1 person.

7. Powers and Duties of the Commissioner

The Commissioner shall:

- 1) Lead the Commission;
- 2) Supervise and control the overall activities of the Commission;
- 3) Assign the necessary supportive staffs to undertake the duties of the Commission;
- 4) Represent the Commission in its dealings with other bodies.

8. Powers and Duties of the Deputy Commissioner

The Deputy Commissioner shall:

- 1) Represent the Commissioner in his absence.
- 2) Confirm that the minutes of the Commission are kept properly.
- 3) Confirm that the daily activities of the Commission recorded in sound are transcribed to written form.
- 4) Sign and send summons to persons who shall appear before the Commission for question.
- 5) Monitor whether the documents presented to the Commission are handled properly.

- 6) Hojii Waajjira Komishinichaa ni hordofa; ni to'ata;
- 7) Komishinichaafi walitti qabaadhaan hojiiwwan biroo kennamanuuf ni raawwata.

9. Guutummaa Walga'iifi Kenniinsa Murtii

- 1) Miseensota Komishinichaa keessaa namni 7 ol argamnaa walga'iin itti fufuu ni danda'a.
- 2) Murtiin kimishinichaa miseensoota argamaniin sagalee caalmaadhaan murtaa'a.

10. Akkaataa Jecha Ragootaa Ittiin Fuudhan

- 1) Namni kamiyyuu otuu jecha ragaa isaa hin kenniin dura kakuu raawwachuu qaba.
- 2) Komishinichi jecha ragaa yeroo fuudhu ogummaa qorattootaatin deeggeramuu ni danda'a.
- 3) Komishinichi yeroo jecha ragaa fuudhu ifaan ykn cufaadhaan ta'uu danda'a.
- 4) Namni ykn qaamni kamiyyuu ragaa Komishinicharraa argate kamiinuu eeyyama Komishinichaa malee ibsuu hin danda'u.

11. Eegumsa Ragootaaf Ta'u

- 1) Ragaan tokko jecha inni Komishinichaaf kenneef hin himatamu; akkasumas, deebi'ee ragaa itti hin ta'u.
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee, ragaa sobaa kennuun seeraan gaafatamuu irraa nama hin hambisu.

12. Qorattoota

- 1) Komishinichi hojii qorannoo isaa gaggeessu keessatti barbaachisaa ta'ee yeroo argametti qorattoota ga'umsa qaban deeggarsa hojii isaatiif akka ramadaman ni taasisa; lakkoofsa isaanis akkuma bal'ina hojichaatti ilaalee ni murteessa.
- 2) Qorattoonni Komishinichaan ramadaman hojii otuu hin jalqabin dura kakuu ni raawwatu.

13. Waa'ee Waamichaa

- 1) Komishinichi nama gaaffiidhaaf barbaadu kamiiniyyuu bakkaafi yeroo murteessuudhaan akka dhiyaatu waamicha ni ergaaf.
- 2) Namni barbaadamu:
 - (a) Hidhamaa yoo ta'e Itti gaaftamaan Mana Sirreessaa ykn Poolisiin akka dhiyeessu ajajuu ni danda'a;

፩) የኮሚሽኑን ጽ/ቤት ሥራ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፡፡

፪) በኮሚሽኑና በኮሚሽኑ ሰብሳቢ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይፈፅማል፡፡

፬. ምልዓተ ጉባኤና የውሳኔ አሰጣጥ

፩) ከኮሚሽኑ አባላት ከ፯ ሰዎች በላይ ከተገኙ ስብሰባው ሊቀጥል ይችላል፡፡

፪) የኮሚሽኑ ውሳኔ በተገኙት አባላት አብላጫ ድምፅ ይወሰናል፡፡

፲. ስለምስክሮች ቃል አቀባበል

፩) ማንኛውም ሰው የምስክርነት ቃሉን ከመስጠቱ በፊት መሃላ መፈፀም አለበት፡፡

፪) ኮሚሽኑ የምስክሮችን ቃል ሲቀበል በመርማሪዎች መያመጥ መታገዝ ይችላል፡፡

፫) ኮሚሽኑ የምስክሮችን ቃል ሲቀበል በግልፅ ወይም በዝግ ሊሆን ይችላል፡፡

፬) ማንኛውም ሰው ወይም አካል ከኮሚሽኑ ያገኘውን ማንኛውንም ማስረጃ ከኮሚሽኑ ፈቃድ ውጪ መግለፅ አይችልም፡፡

፲፩. ለማስረጃዎች የሚሆን ጥበቃ

፩) አንድ ምስክር ለኮሚሽኑ በሰጠው ቃል አይከሰስም፤ እንዲሁም ተመልሶ ማስረጃ አይሆንበትም፡፡

፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ሥር የተገለፀው እንደተጠበቀ ሆኖ በሀሰት መመስከር በሕግ ከመጠየቅ አያድንም፡፡

፲፪. መርማሪዎች

፩) ኮሚሽኑ የምርመራ ሥራውን በሚያከናውንበት ጊዜ አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝ ብቃት ያላቸው መርማሪዎች ለሥራው ድጋፍ እንዲመደቡ ያደርጋል፤ ቁጥራቸውንም እንደስራው ስፋት እያየ ይወስናል፡፡

፪) በኮሚሽኑ የሚመደቡ መርማሪዎች ስራ ከመጀመራቸው በፊት ቃለ መሃላ ይፈፅማሉ፡፡

፲፫. ስለ መጥሪያ

፩) ኮሚሽኑ ለጥያቄ የሚፈልገውን ማንኛውንም ሰው ቦታና ጊዜ በመወሰን እንዲቀርብ መጥሪያ ይልክለታል፡፡

፪) ተፈላጊው ሰው፤

(ሀ) እስረኛ ከሆነ የማረሚያ ቤቱ ተጠሪ ወይም ፖሊስ እንዲያቀርብ ሊያዝ ይችላል፡፡

6) Supervise and monitor duties of the Office of the Commission.

7) Perform other activities assigned to him by the Commission and the Commissioner.

9. Quorum and Passing of Decisions

1) Meeting of the Commission shall commence at presence of above 7 members of the Commission.

2) Decision of the Commission shall be passed by majority vote of the members present on the meeting.

10. Procedures of Hearing of Witnesses

1) Any person shall take oath before giving statement of testimony.

2) The Commission may be supported by investigators while hearing testimony of witnesses.

3) The Commission may hear statement of testimony publicly or in closed session as it may necessary.

4) Any person or organ that obtained information from the Commission may not reveal any without the permission of the Commission.

11. Protection for Witnesses

1) A witness shall not be liable under the law on account of his statements of testimony given to the Commission nor shall the statement of testimony be taken as evidence against him.

2) Without prejudice to the provision of sub article 1 of this article, false testimony shall not exempt liability under by laws.

12. Investigators

1) The Commission shall cause assignment of efficient investigators as it may necessary while undertaking investigation; their numbers shall be decided in accordance with the work load to be performed.

2) The investigators assigned by the Commission shall take oath before the commencement of their work.

13. Summoning

1) The Commission shall summon any person to appear before it by specifying place the and time.

2) If the summoned person is:

(a) A prisoner, the Commission shall order Head of the prison or the police to cause to appear before it.

(b) Dhaabbata Fayyaatti yaalamaa jira yoo ta'eefi kan Komishinicha duratti dhiyaachuu danda'u yoo ta'e, dhukkubsaticha akka dhiyeessuuf Dhaabbata Fayyichaa ni ajaja.

14. Bajataafi Humna Namaa

Komishinichi humna namaafi baajata hojii Komishinichaaf barbaachisaa ta'e Waajjira Caffee Oromiyaarraa ni guutamaaf.

15. Gabaasa dhiyeessuu

- 1) Komishinichi gabaasa hojii isaa yaa'ii itti aanu irratti Caffeedhaaf ni dhiyeessa.
- 2) Hojii isaa xumuruuf yeroon dabalataa kan isa barbaachisu yoo ta'e Afyaa'ii Caffee gaafata; Afyaa'ichis yoo itti amane yeroo dabalataa ji'a tokko hin caalle ni eeyyamaaf;
- 3) Dhimmichi yeroo dabalataa kan biraa kan gaafatu yoo ta'e Caffeedhaaf dhiyaatee murtee argata.

16. Dirqama Deeggaruu

Qaamni ykn namni kamiyyuu raawwii hojii Komishinichaatiif deeggarsa kennuun irraa barbaadamu kennuuf dirqama qaba.

17. Adabbii

Namni ykn Qaamni haala kamiiniyyuu hojii Komishinii kanaa gufachiise ykn gufachiisuuf yaalii godhe bu'uura tumaa seera adaba yakkaatiin kan adabamu ta'a.

18. Yeroo Labsichi Hojiirra Itti Oolu
Labsiin kun Bitootessa 15 bara 1998 irraa eegalee kan hojiirra oolu ta'a.

Finfinnee,
Bitootessa 15 Bara 1998

Abbaaduulaa Gammadaa
Pireezidaantii
Bulchiinsa Mootummaa
Naannoo Oromiyaa

(ለ) በጤና ተቋም እየታከመ ከሆነና በኮሚሽኑ ፊት ሊቀርብ የሚችል ከሆነ የጤና ተቋሙ ታማሚውን እንዲያቀርብ ያዛል።

፲፬. በጀትና የሰው ኃይል

ለኮሚሽኑ ሥራ አስፈላጊ የሆነ የሰው ኃይልና በጀት ከጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት ይሟላለታል።

፲፭. ሪፖርት ማቅረብ

፩) ኮሚሽኑ የሥራውን ሪፖርት ለሚቀጥለው የጨፌ ስብሰባ ያቀርባል።

፪) ሥራውን ለማጠናቀቅ ተጨማሪ ጊዜ የሚያስፈልገው ከሆነ የጨፌን አፈ-ጉባኤ ይጠይቃል፤ አፈ-ጉባኤውም ካመነበት ከአንድ ወር የማይበልጥ ተጨማሪ ጊዜ ይፈቅድለታል።

፫) ጉዳዩ ሌላ ተጨማሪ ጊዜን የሚጠይቅ በሆነ ጊዜ ለጨፌ ቀርቦ ውሳኔ ያገኛል።

፲፮. የመተባበር ግዴታ

ማንኛውም አካል ወይም ሰው ለኮሚሽኑ ሥራ መፈፀም እንዲሰጥ የሚፈለግበትን ድጋፍ ለመስጠት ግዴታ አለበት።

፲፯. ቋጣት

በማንኛውም ሁኔታ የዚህን ኮሚሽን ሥራ ያደናቀፈ ወይም ለማደናቀፍ ሙከራ ያደረገ ማንኛውም ሰው ወይም አካል በወንጀለኛ መቅጫ ሕግ ድንጋጌ መሠረት የሚቀጣ ይሆናል።

፲፰. አዋጁ የሚፀናበት ጊዜ

ይህ አዋጅ ከመጋቢት ፲፭ ቀን ፲፱፻፺፭ ዓ.ም ጀምሮ በስራ ላይ የሚውል ይሆናል።

ፊንፊኔ፣
መጋቢት ፲፭ ቀን ፲፱፻፺፭ ዓ.ም

አባዱላ ገመዳ
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ
መንግሥት መስተዳድር
ፕሬዝዳንት

(b) A person under treatment at health institution with ability to come before the Commission, the Commission shall order the health institution to cause to appear before it.

14. Budget and Man power

Man power and budget necessary for the Commission shall be provided from the Secretariat Office of the 'Caffee'.

15. Submission of Report

- 1) The Commission shall submit the report of its finding to the next session of the 'Caffee'.
- 2) If additional time is required to complete its work, the Commission shall request the speaker of the 'Caffee'. The speaker may allow additional time of not more than a month if he believes it fit.
- 3) If the matter requires an extension of more than one month, it shall be brought to the 'Caffee' for decision.

16. Obligation to Co-operate

Any organ or individual shall be obliged to give co-operation to the Commission in discharging of its duties.

17. Punishment

Any individual or organ that in any way impended or attempts to impend the duties of the Commission shall be punishable under the relevant provisions of penal code.

18. Effective Date


This proclamation shall come into effect as of 24th day of March, 2006.

Finfinnee,
24th day of March, 2006

Abadula Gameda
President of Oromia National
Regional Government

የጥቅምት ፩ ቀን ፳፻፲፭

Wagaa 1 ffaa, Lakk . . 1 ffaa
፩ኛ ዓመት ቁጥር 1
1st Year No. 1.



Finfinnee Amajii — 1985
ፊንፊን ትር ፲፱፻፹፮
Finfine Jan. 1993

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo 0.60	Hojii Raawachiistuu Coffee Oromiy- aatiin Kan Qopha'u	Iakk. S.Postaa.....
ያንዱ ዋጋ »		የፖ. ሣ. ቁጥር
Unit Price »	በኦሮሚያ ም/ቤት ሥራ አስ/ኮሚቴ የሚዘጋጅ	P.O. Box

BAAFATA	ማ ው ጫ	CONTENTS
Labsa Lakk. 1/1985 Gaazexaa Magalata Oromiyaa Dhaabuuf Labsa Bahe.	አዋጅ ቁጥር ፩/፲፱፻፹፮ «መገለት ኦሮሚያ» ጋዜጣን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ	Proclamation No. 1/1993 Proclamation Establishing Magalata Oromiya News Paper

LABSII GAAZEEXAA "MAGALATA CAFFEE" DHAABUUF BAHE LAKKOOFSA 1/1985

1. Labsiin kun labsii "magalata caffee" itti dhaabate labsii ifaa bara 1985 jedhamee waamamuu ni dandaya.
2. Labsii kanaan "Magalata" jechuu dhaan kan beekamu gaazexaan caffee Oromiyaa dhaabbatee jira. Gaazexaa kama irrattis kan maxxan-famu —
 - a) Heera, seera, labsii, tumaata, murtee, ajaja, beeksisaa fi tumaata kan hunda keessaa walitti corame marsaa ta'a.
 - b) Sosoccho'ina lafaa, lolaa, balaa abiddaa fi kan kana fakkaatu yoo ga'e waamicha atatamaa gochu-uf.
 - c) Shuumamuu fi shuumama irraa bu'uu, maqaa aangoo, bad haasaa fi kkf kan abbootii taayitaa naannoo Oromiyaa.
 - d) Ijaarammu waldootaa, mannootii barmootaa, mannootii maree dal-daalaa walitii qabiinsa gibiraa fi qaraxaa kkf.

የመገለት ኦሮሚያ ጋዜጣ ማቋቋሚያ አዋጅ "

- 1- ይህ አዋጅ «የመገለት ኦሮሚያ» ማቋቋሚያ አዋጅ ቁጥር 1/1985 ዓ.ም. ተብሎ ሊጠቀስ ይቻላል ።
2. በዚህ አዋጅ «መገለት ኦሮሚያ» የተባለ የክልሉ ጋዜጣ ተቋቋሟል ። በዚህ ጋዜጣ የሚወጣው፡—
 - ሀ) ማናቸውም ሕግ ፡ አዋጅ ፡ ደን ጋጌ ፡ ደንብ ፡ ውሳኔ ፡ ትዕዛዝ ፡ ማስታወቂያና ፡
 - ለ) የመሬት መንቀጥቀጥ ፡ ጎርፍ ፡ የእሳት አደጋ የመሳሰሉ አደጋዎች ሲደርሱ አስቸኳይ ጥሪ ፤
 - ሐ) ከፍተኛ የክልል ሹማምንቶች ሹመት ወይም ሽረት ፡ የማዕረግ ስም ፡ ሽልማትና ኒሻን ፡
 - መ) ማኅበሮች ፡ ትምህርት ቤቶች ፡ የንግድ ምክር ቤቶች ፡ ልዩ ልዩ ተቋሞች ፡ የግብርና የቀረጥ አሰባሰብ ወዘተ -

PROCLAMATION ESTABLISHING MEGELETA OROMIYA NEWSPAPER

1. This proclamation may be cited as "Establishment of Megeleta Oromiya Newspaper Proclamation No. 1/1993'.
2. By this proclamation the regional newspaper called Megeleta Oromiya newspaper has been established. What will be issued in the newspaper ፡
 - a) Any law, proclamation, provision, regulation, decision, order and notice.
 - b) When an earthquake, flood, fire accident, and when similar hazards occur, urgent call.
 - c) Appointment or removal, title prize, and decoration of high regional officials.
 - d) Association, schools, chambers of commerce, various institutions, collection of revenues and taxes, etc.

3. Gaazexaan kun yoo xiqqaate ji'attii al tokko yookiin akka barbachisaa tahetti akka ba'u gochuudhaaf koree hojii raawwachiistuu caffee Oromiyaatiif aangoon kennamee jira. Magalataan kun kan qophaawu Caffee Oromiyaatiin qofa taha.
4. Haala seera caqasuun hunda gaazexaan kun Magalata jedhamee xuqatama, Gaazeexaan kun gaazexoota kamiyyuu han Caffee Oromiyaatiin bahanii ol kan tahe gaazexaa seeraa fi beeksisaa ti.
5. Mannii murtee kamiyyuu gaazexaa Magalata Oromiyaa — tiin kan bahe:—
 - a) Heera, seera, tumaata, murtee, ajaja, beeksisaa fi tumaata kan hunda keessaa walitti corame mara isaa ta'e hunduma,
 - b) Maqaa, shoommama, hojii fi malattoo nama yeroo dhaaf hojii bulehiinsa ce'uumsaa irra kaawme kamiyyuu fudhachuu qaba.

HASSAN ALII

Preziidaantii Caffee Oromiyaa

1 MAIJII 1993

Finfinnee

3. የክልሉ ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ «የመገለጥ አሮሚያ» ጋዜጣ በወር አንድ ጊዜ ወይም እንደ አስፈላጊነቱ እንዲወጣ ለማድረግ ሥልጣን ተሰጥቶታል። ጋዜጣው በአሮሚያ ምክር ቤት ብቻ የሚዘጋጅ ይሆናል።
4. ይህ ጋዜጣ በማናቸውም በሕግ ረገድ በሚጠቀስ ነገር ሁሉ «የመገለጥ አሮሚያ» ጋዜጣ እየተባለ ይጠቀሳል። ማናቸውም በአሮሚያ ምክር ቤት የሚወጡ ልዩ ልዩ ጋዜጦች የበላይ የሆኑ የሕግና የማስታወቂያ ጋዜጣ ነው።
5. ማናቸውም ፍርድ ቤት «በመገለጥ አሮሚያ» ጋዜጣ የወጣ፡
 - ሀ) ማናቸውም ሕግ፣ ደንብ፣ ውሳኔ፣ ትዕዛዝ፣ ማስታወቂያና ከነዚህም የተዋጣው ደንብ ሁሉ፤
 - ለ) በክልሉ በማናቸውም የሽግግር መስተዳድሩ ሥራ ላይ ለጊዜው የተቀመጠውን ሰው ስም፣ ሹመት፣ ሥራውንና ፊርማውን መቀበል አለበት።

ሐሰን ዓሊ

የአሮሚያ ምክር ቤት ፕሬዚዳንት

ጥር 1985 ዓ. ም.

ፊንፊኔ

3. The regional executive committee has been given the authority to make the *Megeleta Oromiya* Newspaper be issued once in a month or as necessary. The newspaper will be prepared by the Oromo Council only.
4. In regard to any and all legal matters to be cited, this newspaper will be cited as *Megeleta Oromiya* newspaper. It is the superior legal and notice newspaper of the various newspaper to be issued by any Oromiya Council.
5. Any court issued in Megeleta Oromiya newspaper.
 - a) Any law, provision, rule, decision, order, notice, and all rule taken from these.
 - b) It has to take down the name, appointment, work, and signature of a person occupying and duty for the time in any of the transitional administration service in the region.

HASSEN ALI

President of Oromiya Council

January, 1993

Mana Maxxansaa Brihaaninaa Salaamitti Maxxanfame

በርሃንና ሰላም ማተሚያ ቤት ታተመ።

BERHANENA SELAM PRINTING PRESS